



# Peek-A-Dino



## QAJEELFAMA BARSIISAA

## Haasaa Eerreegaa

### Jechoota Daa'imaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikkaa Umrii Sirrii | Sochii Harkaa |
|---|---|---|
| Adda baasi | "Wal fakkeenyummaa irratti hundaa'uun gareessuu" | Harka hundaanu abboottee uumi.  |

### Jechoota Dargaggeessaa

| Jechoota Herreegaa | Hiikaa |
|---|---|
| Tilmaamu (Subitize) | "Osoo hinlakkaa'amiin wantoonni meeqa akka jiran battalumatti beeki." |

**Ofiin-Dubbachuu:** yeroo gochawwan keessan himtaniidha. Attamiin akka ofiitti-dubbachaa tilmaamu akka shaakalamuurratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Yoo kuutaa meeshaa jirtan, "appilii 5 gaarii kiyya keessa qaba. Appilii 3 fi 2 arge, kanaafuu ani waliigalatti akkan 5 qabu beeka."
- Yoon uffataa jiruu, "Kootiin kiyyaa qabduuwwan 7 qaba. Sababiin ittiin beekeef waan qabduuwwan 4 gubbaan 3 ammoo karaa dakaatiin arguu danda'eef, kanaafuu walumatti qabduuwwan 7 jira."


**Haasaa- Bukkoo (Waliin Adeemuu):** yeroo gochawwan ijoollee himtaniidha. Attamiin akka haasaa-waliin adeemuun tilmaamu akka shaakalamuurratti fakkeenyaawwan muraasni kunooti:

- Yoon uffataa jiruu, "yoon akka kophee kee fudhatu si gaafadheetti akka kophee lama miila kee lamaaniif ta'u beektuun hubadhe! Lakkaa'u mataasaa si hinbarbaachifne!"
- Wayitan nyaadhu, "yoon akkan bisikutii goggaa 4 fudhachu akka dandeessu sitti himu, osoo hinlakkaa'iin 4 fudhattuun arge!"

# Ijaari

## Sarara Tarsimoowwan Barsiisuu WARQEE:

**Eerreegawwan 20b:**
(Keelloo, Magariisa, Cuquliisa, fi Diimadii)
Yaada hubannoo tokko, lama, fi caalaa kan agarsiisuudha. Hubadhuutii lakkoofsa wantoota tuuta xiqqaa (hanga 5) battalumaan maqaa dhahi. Tuuta wantoota 6-10 uumuun isaan booda qaamasaanii ibsi.




**Kitaaboota Dubbisuuf Gorfaman:**

Tuqaalee Gurraacha Kudhan Gareewwan Donaaldiin

**Yaada Sirbaa:**

Appey Tappey Choo

# Taphadhuutii Walitti Dhufi

Waa'ee tilmaamuu barachuuf yaadniwwan osoo xabatanuu lakkaa'u dandeessuun muraasni kunooti!

## Daricha Keessatti:

- Tokko tokkoo ijoolleetiif tuuta danqaa 5 (ykn wanta xiqqaa biraa fayyadami) kenniif. Baratootaatti baayyina lakkoofsa danqaawwan murtaa'ee akka baaftan itti himuun dafiitii hunddattuu haguugii. Ijoolleenis lakkoofsa tuuta danqaawwan ati dhoksiiteen wal fakkaatu akka kennaniif carraa kenniif. Erga al tokko baratoonni tuuta isaanii uumaniin booda kan dhoksite sana saaqi. Tuutawwan isaan uuman kan dhoksitee sana wal madaalchis.
- Maraa shaakaluudhaan barattoonni osoo hinlakkaa'iin ati marte sana kan sitti himan ta'e ilaali.

## Daawwanaa Manaa:

- Lakkoofsa baayyina gosawwan nyaataaf olanii murtaa'an sahaaniirra kaa'iitii, sahaanicha barattoota keetti agarsiisuu battalumatti sooftiidhaan haguugii. “Sahaanii kiyyarra waantoota meeqatu jira?” jechuun gaafadhu. Irra deebiin gosawwan nyaataa lakkoofsa gara biraatiin yaali.
- Osoo qulleessaa jirtuu, “Kopheewwan meeqa akka hafan natti himu dandeessaa?” jechuun gaafadhu. Daa'imti kee osoo hin lakkaa'iin meeqa akka ta'e sitti himu akka danda'e ilaali. Waantoota haaraa qulleessaa jirtuun irra deebiin yaali.

Waa'ee herreega barachuu dabalatyaa kanarraa baradhaa
**www.zenomath.org/partner-resources/**

## TARREE WARQII TS

| Sadarakaa Taphaa | Maqaa/ Ibsa |
|---|---|
| Sanyii Waggoota 2 | **Walitti Qabaa Xiqqaa Moggaasaa** Daa'imti gareewwan 1. 2. yeroo tokko tokkoos 3 maqaa baasu danda'u. Kaalsiiwwan lama wayita agartuutti akkas jedhi, “Kaalsiiwwan lama.” |
| Giddina Waggoota 3 | **Tilmaama Jechaan Hin Ibsamne** Walitti qabaa xiqqaa wayii osoo yeroo gabaabduuf itti agarsiifame, daa'imti tuuta sanaan walfakkaatu uumuu danda'a. Osoo cirracha 3 itti agarsiifame, battalattis dhoksamee, daa'imtichi tuuta sanaan walfakkaatu kan wantoota 3 uumuu danda'a, garuu ammoo jechaan, “wantoota 3 tu jira” jedhees ibsu dadhaba ta'a. |
| Giddina Waggoota 4 | **Maker Of Small Collections** A child can nonverbally make a small collection (1-5) with the same number as another collection. |
| Giddina Waggoota 4 | **Tilmaama Miiraa Gara 4** Daa'imti walitti qabaa hanga 4 ta'u osoo itti agarsiifame battalumatti hubatu. Daa'imtii maqaa lakkoofsa wantootaa jechaan ni waamu. Osoo wantoota 4 itti agarsiifamees, “afur,” jedhu. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Tilmaama Miiraa Gara 5** Daa'imti walitti qabaa hanga 5 ta'u osoo itti agarsiifame battalumatti hubatu. Daa'imtii maqaa lakkoofsa wantootaa jechaan ni waamu. Osoo wantoota 5 itti agarsiifamees, “shan” jedhu. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Tilmaama Yaadaa Gara 5+** Daa'imti sirreeffama wantoota 5+ kamuu osoo itti agarsiifamee battalumatti maqaa waamu ni danda'u. Daa'imti, “I fi 2 argeera akkasumas 1, fi 3s argeera” jechu danda'a. |
| Abaaboo Waggoota 5 /Kindarii | **Tilmaama Yaadaa Gara 10+** Daa'imti sirreeffama wantoota hanga 6, achiinsi hanga wantoota 10, gareewwaniitti fayyadamuun maqaa waamu ni danda'u. Daa'imtiis jechu kan danda'u, “gareewwan 3 lama argeera akkasumas tokko kan biraa, kanaafuu 7 arge.” |